


© Kitaaba kana itti dabaltee baay'isuu ni dandeessa. Garuu qarshiidhaaf utuu hin ta'in hojii dhaloota hubachiisuuf haa ta'u.

Qopheessaa Ermias Kiros, 2018, Daily Injera

Kan hiikee fi dhiheesse Geetuu Abarraa, 2020

https://t.me/maranatayesuus

Geetuu Abarraa

Kitaaba kana gara afaan Oromootti kan hiike Geetuu Abarraa barataa Computer Science Universiitii Dillatti Kaadhimamaa Digrii ti.

Kutaa 1 : Pornogiraafiin Maali?

Yeroo tokko addunyaa 'Google' irratti baay'inaan qunnamtii saalaa (sex) na barbaadi 'search' godhi jecha jedhu biyyoota 5 keessaa isin Itoophiyaanonni tokkoffaa dha jedhamnee turre. Kuni kan argisiisu biyya keenya keessatti namoonni araada pornogiraafii ilaaluun qabaman baay'ee ta'uu isaa ti. Araadni kunis akkuma araada biroo ifaan ifatti nama araadichaan qabame irratti kan hin mul'anne ta'ee akkasumas saba keessatti odeeffannoo gahaa waan hin qabaanneef lakkoofsi warra araadichaan qabamanii olaanaa akka ta'eetti tilmaamama.

Jalqaba irratti Pornogiraafiin maali dha?

Pornogiraafiin kan argame jecha 'πορνογραφία' pornographi jedhu irraa yoo ta'u yeroo durii hiika jecha 'setanya adaarii' jecha jedhu ibsuuf fayyada ture. Yeroo ammaa garuu jechaa fi suuraa irraa gara agarsiisa viidiyootti guddachuu isaa ni argina. Suuraaleen, Viidiyoon kamiyyuu, fiilmiin, barreeffamni akkasumas wal jijjiirran jechaa walqunnamtii saalaaf fedhii namaa kakaasan pornogiraafii jedhamu. Yeroo ammaa kanatti pornogiraafii ilaaluuf kanaaf kan qophaa'an fuula baay'een jiraatanis isaan irra darbee kaayyoo kanaaf kan hin qopheeffamne miidiyaa hawaasaa jechuunis kan akka telegram, twitter, facebook, fi kan kana fakkaatan fayyadamuun araada pornograafiif saaxilamu. Bara keenya kanatti pornogiraafiin haala salphaan argamuu waan danda'uuf araadaaf saaxilamuun baay'ee yaaddessaa akka ta'u taasiseera. Pornogiraafiin namoonni akka araadichaan qabaman taasisuuf dandeettii kan qabu yoo ta'u tamboo, jimaa fi mi'ooftulee kanneen biraa caalaatti miidhaan geessisuu danda'u ifaan ifatti bira gahameera.

Waa'ee Pornogiraafii Qorannooleen maal jedhu?

- Akka qorannoo waa'ee pornogiraafii hojjetame argisiisutti namoonni pornogiraafiif saaxila kan bahan umurii waggaa 11 irraa jalqabeeti.
- Interneetii irratti odeeffannoo argaman keessaa walakkaan isaanii odeeffannoo pornogiraafii fi pornogiraafii waliin kan wal qabatanii dha.

- Guyyaa guyyaan fayyadamtoonni interneetaa 25% ta'an pornogiraafii warra ilaalanii dha.
- Interneeta irraa kan buufaman 'download' ta'an 35% waa'ee pornogiraafiin walqabatu.
- 34% kanneen ta'an fayyadamtoonni interneetaa immoo utuu hin jaalatin sababa odeeffannoo fi beeksisa garaagaraaf gadhiifamaniin pornogiraafiif saaxilamu.
- Fuula addunyaa irra jiran keessaa 12% kan ta'an fuula pornogiraafii ti.
- Addunyaa keenya kana irra namoota jiran keessaa maallaqa hedduu kan argatan warshaa pornogiraafii keessa kanneen jiran ni argamu.
- Kooriyaa kaabaa keessatti pornogiraafii fi wantoota pornogiraafiin walqabatan tamsaasuu akkasumas ilaaluun murtii du'aan adabsiisa.

Fakkeenyaaf kanan isiniif kaa'e tuqaaleen haqa ta'an kunniin xiyyeeffannoo akkamii fudhachuun akka barbaachisu kan argisiisanii dha. Kuni biyya keenyatti mata-duree baay'ee itti hin bu'amne ta'us dhaloota, ofii keenyas baraaruudhaaf jennee irratti dubbachuuf murteessinee jirra.

Namoonni Maaliif pornogiraafii Ilaaluu?

Namoonni maaliif pornogiraafii irra deddeebi'anii ilaaluu? "Rakkinicha gargar baasanii beekuun furmaata mataa isaa ta'uu danda'a." kan jedhu qabannee sababa hedduu keessaa muraasa haa ilaallu:

1. Gammachuu Barbaaduuf

Gaaffii kanaaf deebii jalqabaa ifa kan ta'e, namoonni fiilmii gosa kamiyyuu ofii isaanii bashannansiisuuf akka ilaalan, pornogiraafiiniis kan isaan kakaasuu fi wanta isaan gammachiisu argachuuf kan ilaalan ta'uu isaati. Fedhii namootaa keessaa inni tokko saal-qunnamtii akka ta'e, kanas immoo karaa sirrii ta'een yookiin bifa sirrii hin taaneen guutuuf ilaalanii keessatti hirmaachuuf pornogiraafii ilaalu.

2. Jeeqamsa(Dhiphina)

Yeroo baay'ee namoonni kophaa ta'anii fi dhiphina keessa jiran araada pornogiraafiif saaxila akka bahan qorannooleen ni mul'isu. Baay'inaan

pornogiraafii qofa utuu hin taane araada kanneen biroo irra deddeebi'anii akka raawwatan kan isaan taasisan gammachuu saal-qunnamtii argachuu qofa utuu hin taane, fedhii keessa isaaniitti dhaga'amu jechuunis jeeqamsa, gadda, sodaa, kophummaa fi saalfii jalaa bahuufi dha. Kanaafuu Jireenya isaanii keessatti dhiphina ulfaataa kanneen qaban dhiphina hin furamne kana kan qaban dhiphina isaanii kana irraanfachuu fi gammachuu yeroo argachuuf ni fayyadamu. Iddoo hojii isaaniitti pornogiraafii kanneen ilaalan namoonni yeroo baay'ee hojii isaanii dhiisaa kan hojjetan ta'uu isaa barameera.

3. **Kophummaa**

Yeroo baay'ee kophummaan kan dhufu sababoota adda addaan namootaa wajjin tokkummaa uumuu namoonni hin dandeenye araada kanaan qabamuu akka danda'an qarannooleen ni mul'isu.

4. **Dhiibbaa Hiriyyummaa**

Ol adeemaa fi dargaggoonni baay'een maalummaa saal-qunnamtii baruudhaaf hawwii qaban irraa ka'uun gara pornogiraafiitti harkifamuu danda'u. Baay'een wanta raawwatan yookiin isa irra kan caalu guutummaatti "hin raawwatin!" wantoota jedhaman yaaluun dargaggoota irraa ni hubatama. Ol-adeemtonnii fi dargaggoonnis dhiibbaa hiriyyoota isaaniitiin gara jireenya kanaatti harkifamuu danda'u. Waggaa 10f araada pornogiraafii keessa kan jirtu obboleettiin tokko akkas jechuun yaada ishee naaf qoodde, "Barattuu Yuunivarsiitii yeroon turetti dormii keessatti hiriyyoonni koo walitti qabamanii porni ilaaluu turani. Ani garuu yeroo hundumaa gocha isaanii kana nan morman ture. Yeroo ta'e booddee garuu utuu hin yaadiin isaanitti dabalamuun jalqabe. Kana booda isaan caalaatti nama porni ilaalun ta'e."

5. **Araada**

Namoonni tokko tokko pornogiraafii sababa adda addaatiif yeroo tokko yookiin isaa ol erga ilaalanii booddee araadichi isaan dhuunfata. Araada jechuun erga jaalannee itti gallee booddee, kan jibbinu yoo ta'e illee wanta raawwannu jechuu dha. Araadni kamiyyuu fedhiidhaan kan itti seenamu ta'ee kan itti fufu garuu fedhii malee ta'uu danda'a. Pornogiraafiinis akkuma araada kamiyyuu namoota

garasitti harkisuuf dandeettii olaanaa qaba. Yeroo tokko waa'ee araada pornogiraafii irratti doktora Siyyum waan dubbatan:

- "Baay'een pornogiraafii utuu hin ilaaliin rafuu kan hin dandeenye ta'anii araada miti jechuun ija jabaatanii dubbatu. Garuu pornogiraafiin araada kanneen biroo gadi kan hin taaneen akkasumas caalattiyyuu gara araadaatti guddata. Namni tokko yommuu pornogiraafii ilaalu keemikaalli dhiiga keessa faca'an ni jiru. Keemikaalonni kunniin namni tokko kokeenii fi heerowinii kanneen jedhaman fayyadamuun kan dhiiga keessatti gadhiifamanii dha. Keemikaalota kana yommuu fudhannu hormooniin dhiiga keessatti dhangalan pornogiraafii wayita ilaallu waan ta'eef pornogiraafiin araada miti jechuu hin dandeenyu. Araada jedhamuudhaaf dirqama gara afaaniitiin gara keessatti wanta fudhatamu ta'uu hin qabu. Odeeffannoo amma qabnuun 'pornography is not like a drug, it is a drug' (Pornogiraafiin akka qoricha hadoochu tokkoo utuu hin ta'in, ofii isaa qoricha hadoochu dha.) Akkasumas qoricha hadoochu baay'ee qaba. Namni pornogiraafii ilaalu qoricha hadoochu baay'ee isaa yeroo tokkotti akka fudhateetti lakkaa'ama. Saayintistiin narvii (neuroscientist) tokko pornogiraafiin tuqamuudhaaf turtii yeroo akka dubbatanitti suuraa tokko sekondii walakkaaf erga ilaallee booda daqiiqaa itti fufan 5 fi 10 keessatti sammuu keenya keessatti jijjiiramni akka (nerve restriction) ni uumama. Jijjiiramni akka kanaa namni tokko balaan yommuu isa irra gahu kan uumamu gosa jijjiirama bifaa ti. Pornogiraafiidhaan tuqamuudhaaf sekondii 1/3ffaan ni gaha akka jechuuti. Hubattaniirtu yoo ta'e suura pornogiraafii sekondii tokkoof ilaalle turtii waggootaaf sammuu keessaa hin badu. Maaliif yoo jettan 'epimerphine' hormoonii jedhamuun akka hin badne ta'ee waraabameera. Kana irraa kan ka'e waggootaaf illee hin irraanfatamu. Sababa kanaan 'yeroo hundumaa ija koo dunuunfadhee yoon rafu, karaa irra yoon adeemu illee kan anatti dhufu isa dha.' jedhanii dargaggoonni jeeqama hafuuraa keessa jiran kanneen jiran na mudataniiru."

Kana irraa kan hubannu salphaadhumatti wanti jalqabamu gara araada guddaatti akka guddachuu danda'uu dha.

Kutaa 2 - Mallattoolee Araada Pornogiraafii fi Miidhaa isaa

1. Fedhii Olaanaa

Namni tokko sadarkaa araadaa irra erga gahee pornogiraafiif fedhii olaanaa qabaata. Keessa isaatti fedhiin wal irraa hin cinne isa gugguba. Bakka kamittiyyuu haala kam keessattiyyuu yeroo kamittiyyuus pornogiraafii ilaaluu barbaada. Yeroo ilaale kana caalatti dabalaa adeema. Torbanitti yeroo ilaalaa ture guyyaatti, guyyaatti yeroo tokko ilaalaa kan ture yeroo hundumaa ilaaluu yoo jalqabe, pornogiraafiin yeroon inni balleesse guddachaa yoo dhufe, yeroo ilaallutti kaka'uumsi fi gammachuun saalfii, fedhiin balleessuu fi gaabbiin yoo bakka bu'e wantichi sadarkaa araadaa irra gahuu isaa argisiisa.

2. Dhaabuu barbaaduu dhiisuu / dadhabuu

Araada keessa kan gale namni tokko pornogiraafii ilaaluu dhaabuu hin barbaadu. Araada akka ta'ee fi rakkina keessa akka galchuu danda'u illee fudhachuu hin barbaadu. Kunis kan ta'uuf araada keessa waan galee fi jireenya akkasii keessaa yoo bahe wanti biraa kan isa bashannansiisu argamuufii akka danda'u waan hin amanneefi dha. Karaa biraatiin immoo dhaabuu dhaaf utuu barbaadanii dhiisuu dadhabuun araadummaa kan argisiisu dha. Kana irratti namni tokko ergaa sagaleen naaf kaa'een, "Ani jireenya pornogiraafii keessaa bahuudhaaf yeroo 100 oliif ofii kootiif waadaa galeen ture. Haa ta'u malee, deebi'ee jireenyuma sana keessattin argama." naan jedheera. Haasofni kuni kan argisiisu araada cimaa keessa galuudhaan yoo jibbine illee kan raawwannu araada akka ta'e argisiisa.

3. Karaa Biraatin Gammachuu argachuu Dhabuu

Namni tokko araada kanatti utuu hin galiin dura kan isa gammachiisaa turan fakkeenyaaf maatii fi hiriyyoota isaa waliin yeroo dabarsuu, gara mana amantaa adeemuu, fiilmii ilaaluu, adeemsa miilaa taasisuu fi k.k.f gammachuu dhufe guutumaa guututti pornogiraafii irra yoo kaa'e namni kuni araada pornogiraafii keessa akka gale argisiisa.

4. Dhiibbaa waliin itti fufuu

Araada pornogiraafiin kan hubame namni araadichaan miidhame waan baay'ee akka dhabe beekaa, jireenya isaa gara kallattii dogoggoraatti gaggeessaa jiraachuu isaa hubachaa yoo itti fufe sadarkaa araadaa irra gahuu mul'isa.

5. Iccitii

Araada pornogiraafii keessa namni jiru jireenya isaa cinaa warra jiranii fi hiriyyoota jaalatu jalaa iccitii gochuu irraan kan ka'e dhoksaa akka ta'e itti dhaga'ama. Iccitiin akka hin baaneef fuula ilaale ni balleessa, eessa akka turee fi maal hojjechaa akkaa ture maatii fi hiriyyoota, namoota ni soba. Saalfii itti dhaga'amu dhoksuuf jireenya fakkeessaa keessa deddeebi'a.

6. Itti Gaafatamummaa Bahuu Dhabuu

Yeroo baay'ee pornogiraafii irratti dabarsuu irraan kan ka'e, hojii akka ta'utti raawwachuu dhabuu, itti gaafatamummaa maatii, ollaa fi itti gaafatamummaa gama hafuuraa bahuu dadhabuu fi adda of baasuudhaan sadarkaa araadaa irra gahuu mul'isa.

7. Amala Jijjiiramummaa

Araadicha keessa namoonni jiran wanta barbaadan yeroo dhabanitti baay'ee kan aaran, kan lolanii fi waan xiqqoodhaan kan mufatan ta'u.

Armaan olitti kan caqasne mallattoolee pornogiraafii isaan angafaa yommuu ta'an mallattooleen kunniin namoota irratti mul'atan dhaabatanii jireenya isaanii ilaalanii gargaarsa barbaaduu yoo baatan miidhaa araada pornogiraafiif ofii isaanii saaxilu.

Miidhaa Pornogiraafii

Pornogiraafii ilaaluun miidhaan dhaqqabsiisu baay'ee jira. Miidhaan isaas kan gama hafuuraa, xiinsammuu fi hawaasummaa dha. Mee qabxiilee barbaachisoo haa ilaallu.

1. Waaqayyo irraa adda baasa.

Kiristosin kan waamamne qomoo fo'amaa, saba qulqulluu, warra dhuunfaa waaqayyoo (1Phexros. 2:9) ta'anii jiraachuuf waamaman taanee utuu jirruu wanti

dhoksaatti hojjetamu cubbuun kamiyyuu jireenya hafuuraatiin akka dadhabnu taasisa. Araada pornogiraafiin qabamee namni jiru kadhachuu, sagalee waaqayyoo dubbifachuu fi amantoota biroo wajjin tokkummaa qabaachuun itti ulfaata. Obboloota araada kanaan tuqaman keessaa irra deddeebidhaan kan dhagahamu keessaa hangafni, "kadhachuun dadhabe, waldaa kiristaanaa adeemuun natti ulfaata, sababni isaa fuula koo dura kan dhufu pornogiraafii ani ilaale dha." kan jedhuu dha.

Pornogiraafiii ilaaluun cubbuu akka ta'e ifa dha. Gooftaan Yesuus, "Namni ija hawwaatiin dubartii ilaale garaa isaatti isheetti ejjeera." (Matewos. 5:28) akka jedhu haa yaadannu. Ani pornogiraafii ilaalee gonkumaa hin hawwu kan jedhu jiraachuu danda'aa?

Namni tokko pornogiraafii ilaalaa guutumaa guututti waaqayyoof of kenne jechuu hin danda'u. sababni isaa Matewos 6:24 irratti eenyullee gooftolii lamaaf hojjachuu hin danda'u. Fedhii foonii raawwachaa kiristos waaqessuuf yaaluun gatiin isaa kophummaa, abdii kutachuu, fi kufaatii dha. Pornogiraafii jireenya hafuura ni dhabamsiisa. Namni hafuura qulqulluu dhabe waan barbaade yoo argate illee itti boqochuu hin danda'u. Pornogiraafiin wantoota hangafa ta'an nu dhabsiisa.

2. Jeeqamuu(Dhiphina)

Pornogiraafii keessa namni gale jireenyi isaa bakka sirrii hin taane akka jiru ni beeka. Kanaafuu, dhiphina guddaa ta'etu itti dhagahama. Namoonni baay'een sababa kanaan saalfachuun waan itti dhaga'amuuf ofitti amanamummaa dhabu. Kanaafuu jeeqama guddaa ta'e keessa taa'anii ofii isaanii nama irraa addaan baasu.

3. Humna Ajjeesa

Araada kanaan namni qabame guyyaatti yoo xiqqaate sa'aatii 3 pornogiraafii ilaalee balleessuu danda'a. Yeroo hammam kabajamaa ta'e akka balleessu hubadhaa! Kana irratti dabalatee gara itti gaafatamummaa hir'isuutti geessa. Dandeettii uumamaa ni hir'isa. Sababa pornogiraafiitiin dandeettiin raawwii isaanii gadi bu'ee hojii fi barnoota irraa kan ari'aman namoota xiqqaa miti.

Dandettii dinqisiisaa fi gadi fagoo kan qaban baay'ee isaanii sababa pornogiraafiitiin dhabnee jirra.

4. Waan hin taaneef Saaxila

Qorannooleen akka mul'isutti yoo ta'e daa'imman dirqamsiisuun kan gudeedan baay'een isaanii araada pornogiraafiin namoota tuqamanii dha. Dabalataan immoo pornogiraafii namoota ilaalan kan hin ilaalle waliin walbira yoo qabnu 400% warra dubartoota ejjan bira adeeman qabaatu. Saala walfakkaataa pornogiraafii ilaaluun qofa gara jireenya sodoomiitti kan galan illee akka jiran hubachuu danda'eera.

5. Ilaalcha Dogoggoraa

Araadichaan namoonni qabaman ofii isaaniitiif ilaalcha dogoggoraa qabu. "Ani hin fayyadu, ani nama akkasumaan, ana waaqayyo na jibba, ani namaa gadi dha. Yoomiyyuu jireenya kana keessaa bahuu waanan hin dandeenyeef gaa'ela milkaa'aa qabaachuu hin danda'u." kan jedhan ilaalcha abdii nama kutachiisu isaan dhuunfata. Tilmaamni ofiif kennamu gadi bu'aan akkanaa ariitiin yoo dhaabachuu baate guddachaa dhufuun gara dhibee sammuu fi ilaalcha xinsammuun miidhamuutti geessa. Ofii isaatiif ilaalcha sirrii hin taane namni qabu namoota kan biraatiif ilaalcha sirrii qabaachuu hin danda'u.

Inni kan biraa immoo ilaalcha sirrii hin taane kan qabaatu saala faallaa ta'eef dha. Hanga har'aatti dhimma kana irratti obboloota dhiiraa fi shamarran gorse hunduma jechuun haala danda'amuun saala faallaa ta'aniif ilaalcha gadaanaa akka qaban naaf ibsaniiru. Yeroo baay'ee suuraa pornogiraafii irratti dubartoonni tajaajila fedhii qunnamtii saalaa dhiiraa taasifamanii yoo kaafaman pornogiraafii kan ilaalan dhiironnis akkasuma dubartoota akkuma ilaalan himaniiru. Dubartoonni immoo dhiironni hundinuu gara jabeessotaa fi fedhii isaaniif qofa kan jiraatan akka ta'an, akka yaadanis kan isaan irratti raawwatan ta'uu na haasofsiisaniiru. Sababa ilaalcha dogoggoraa kanaan jaalala dhugaa ta'e jalqabuuf kan rakkatan namoota muraasa miti.

6. Gaa'ela Diiga

Biyya alaa namni jiru tokko bilbilee akkas naan jedhe, “Ani araada pornogiraafiin ergan qabamee waggaa tokko ta’eera. Yeroo kana keessatti rakkooleen baay’een na mudataniiru. Yeroo hojii koo irratti yeroo bal’aa kanan balleessu pornogiraafii ilaaluu fi mataa koo wajjin fedhii raawwachuu ta’ee mana yeroon galu haadha manaa koo waliin walitti dhufeenya gochuuf fedhii hin qabu.” Rakkooleen nama kanaa baay’ee dha. ‘Pornogiraafii’ namoonni ilaalan gammachuu gaa’ela irraa argatan ni dhabu. Walitti dhufeenya miidhaa irra buusuu (Sexual Dysfunction) mudachuu danda’a. Kuni immoo gara gaa’ela hiikuu fi gargar tamsa’uu maatiif saaxila baasa.

Kutaa 3 - Araada Pornogiraafii Keessaa Akkamitti Bahuun Danda’ama?

Macaafni Qulqulluun Waaa’ee Pornogiraafii Maal Jedha?

Macaafa qulqulluu keessatti waa’ee walqunnamtii saalaa kutaa baay’ee keessatti barreeffamee kan jiru yoo ta’es waa’een pornogiraafii kana jedhamee ifaan ifatti kan kaa’ame hin argannu. Haa ta’u malee cubbuu kiristaanummaa irraan miidhaa geessisan irraa of eeguun qulqullummaa sammuu eeggachuu akka ta’e nuuf mirkaneessa. Seera Ba’uu 20:17 irratti “Haadha manaa namaa hin hawwin!” jechuun Kiristoos Matewos. 5:27-29 “Namni ija hawwaatiin dubartii ilaale garaa isaatti isheetti ejjeera.” jechuun akkasumas kutaalee kakuu haaraa adda addaa keessatti fedhiin foonii ‘cubbuu lubbuu waraanu’ (1Phexros. 2:11) jedhamee yoo caqafamu kutaalee kanneen pornogiraafii waliin wal bira qabnee barachuu ni dandeenya. Fedhiin foonii cubbuu akkuma dhalu, cubbuunis du’a akka dhalu ni dubbata. (Yaaqob. 1:14-15) kaayyoon pornogiraafii inni jalqabaa fedhii foonii uumuu yoo ta’u, kunis cubbuu dhala. Cubbuun immoo du’a!

Pornogiraafiin yaada diina hamaa sanaan qopheeffame bu’aa yaada namaa ti. Diinni seexanni yeroo hundumaa meeshaan lolaaf inni itti fayyadamu yaada. Dur Hewaan fi Addaam jannata keessaa kan isaan baase yaada hamaa qopheeffamee dha.

Bofichis dubartittiidhaan akkana jedheen, “Hin duutan; isin ija mukichaa irraa yoo nyaattan ijji keessan akka banamu hamaa fi gaarii beekuudhaanis akka waaqayyoo akka isin taatan waaqayyo ni beeka” jedheen. Dubartittiinis iji

mukichaa nyaataaf gaarii ta'uu isaa, ija namaatti kan tolu ogeessa nama gochuufis hawwisiisaa ta'uu isaa argitee ija isaa irraa kutattee ni nyaatte; abbaa manaa isa ishee wajjin tureefis immoo ni laatte, innis immoo ni nyaate. (Uumama. 3:4-5) Seexanni amma illee nu rukutaa, nu kuffisaa kan jiru, meeshaan ittiin Hewaaniin kuffise yaada isa hamaa kanaanidha. Yeroon amma keessa jirru immoo interneetaan, sirbaan, fiilmiin, taphachiisa (Game) fi kan kana fakkaataniin yaada nuuf dhiheessaa jira. Obboleessi koo Raajii Tesfaa Indaalew, "Bara kanatti kaayyoon seexanaa inni jalqabaa cubbuu facaasee geessisuu dha".

Macaafni qulqulluun wantoota sammuu keenyaan ol ta'an irratti akka hojjennu nu abbooma. (Qolosaayis. 3:2) Wanta fooniin jiru yaaduu caalatti wanta hafuuraa akka yaannu nu hubachiisa. (Roomaa. 8:8) Namni pornogiraafii ilaalu sammuun isaa hawwii fedha foonii irratti malee yaada waaqayyoo irratti miti. Nama kiristaana tokko irraa kan barbaachisuu fi ta'uu qabu sammuun haaromuu fi jijjiiramuu dha. (Roomaa. 12:2) Namummaan kiristaanaa bakka hafuurri qulqulluun buufatu, mana qulqullummaa akka ta'e cubbuu fooniin hojjetamu kamiyyuu balleessuun irra jiraata. (1Qorontos. 5:9-11, Galaatiyaa. 5:19-21, Efesoon. 5:1-5, Qolosaayis. 3:5-6, Ibroota. 12:15-17) kanaafuu kutaalee adda addaa macaafa qulqulluu akkuma ilaallutti araada pornogiraafiin namni qabame, dhiifama kadhatee yoo deebi'een alatti waaqayyo irraa kan gargar bahee fi mootummaa waaqayyoo kan hin dhaalle ta'uu isaa arguu ni dandeenya.

Kiristaanaa fi Pornogiraafii

Kiristaanni kamiyyuu waaqayyo cubbuu dabalatee wantoota kamiyyuu moo'achuu akka danda'u, hunduma danda'aa akka ta'ee fi kiristoosis qormaata hundumaa darbuudhaaf ayyaana akka nuuf kenne yoo amanne illee araada pornogiraafiin mormaa kiristaanni jiru garuu dhugaa kana shakkuu jalqaba. Kadhannaa baay'ee booda, waaqayyoo fi ofiif sagalee godhu booda, Qulqullinaa fi mormiin booda ofii isaa araada keessatti deebi'ee kufee arguu danda'a. Dhugaadhumatti Waaqayyo ni jira. Dhuguma Waaqayyo hundumaa ni danda'a. Haa ta'u malee, nuti qulqullaa'uu kan barbaannu yeroo tokkotti ta'uu dhiisuu danda'a. Kiristaanonni araada kana keessa jiranis kana irraa ka'uudhaan waldhiibdee fi saalfii waldaa kiristaanaa keessa jiru irraa kan ka'e furmaata barbaaduu irraa ni kaatu. Kutaan kuni tajaajila waldaa kiristaanaa keessatti yoo

qabaatanii fi gaggeessummaa irra kan jiran yoo ta'an caalaatti akka sodaachisu taasisu. Namni rakkinicha amanee wanti dhufe haa dhufu jedhee gargaarsa gaafatu garuu araadaan itti fufee miidhaan dhufu hin hammaatu. Booda murtii waaqayyootti dhiyaachuun duratti murtii namaa keessa darbuun barbaachisaa dha.

Araada Pornogiraafii Keessaa Karaa itti Bahan

Pornogiraafiin rakkoo haamileedhaan kufuu jedhamee baay'inaan ilaalamus sana irra kan darbe rakkoo sammuutiin kan walqabatee dha. Waa'ee pornogiraafii yommuu dubbannu armaan olitti akkuma ibsame sammuun keenya akkamitti akka hojjetu baruun barbaachisaa dha. Fakkeenyaaf haati tokko daa'ima ishee qoma ishee irratti yoo hoosiftu sammuu ishee keessaa 'Oksiitoosiin' niwurokeemikaaliin ni uumama. Keemikaalli kunis haati tokko fedhiin keessa ishee daa'ima ishee waliin akka walitti hidhattu kan taasisu yoo ta'u, Yeroo walqunnamtii saalaattis keemikaalli keessa namummaa keenya jiraatus kana fakkaata. Uumaan keemikaala namummaa keenyatti gadiifamu warra fuudhan gidduutti walitti dhufeenya godhamu hordofee kaayyoo walitti hidhamiinsa fedhii uumuu yoo ta'u, gaa'elaan alatti walitti dhufeenyi saalaa godhamu keessa dhiibbaan ni jiraata. Namoonni pornogiraafii yommuu fayyadaman keemikaaleen gadhiifaman kanneen akka 'oksiitoosiinii' namni ilaalu fakkii ilaalu waliin walitti hidhamiinsa fedhii akka inni qabaatu taasisa. Fedhii qunnamtii saalaa dhuunfaa ofii waliin araada kan qabanis walitti dhufeenya akka godhan taasisa. Irra deddeebidhaan wanti godhamu kamiyyuu sammuu irratti dhiibbaa akka qabu, pornogiraafiinis akkaataa yaadaa jijjiiruudhaan hidhaa pornogiraafii keessatti kufuu fida. Kanaafuu, waa'ee hidhama pornogiraafii keessaa karaalee nama baasan yoo dubbannu gara araadaatti wantoota geessuu danda'an, amalootaa fi ilaalcha walqabatan waliin kaasuun nurra jiraata. Hunduma dursinee akkuma armaan olitti kaafame rakkoon jiraachuu isaa amanuu dha.

Egaa araada pornogiraafii keessaa bahuu obboloonni barbaaddan kanatti fufee tuqaalee dhihaatan duukaa yoo buutan ayyaana waaqayyoo waliin 100% keessaa bahuu akka dandeessan isiniif nan mirkaneessa. Barreeffama kana yommuu dubbiftan waraqaa fi qubeessaa qabattanii gaaffilee jiraniif deebii keessan barreessaa darbaa!

1. Waaqayyo akka isin jaalatu Beekaa Dhiifama Gaafadhaa!

Araada kana keessa namoonni galan akka waaqayyo isaan jibbuu fi isaan hin barbaanneetti yaadu. Yaada kanaa fi kana fakkaataniin namoota garbicha araadaa godhee jiraachuuf seexanni itti fayyadama. Cubbuu pornogiraafiitiin kufuu dabalatee seexanni yeroo hundumaa achumatti nama hambisuuf ni yaala. Kunis ofii keenya akka jibbinu, Waaqayyo akka nuuf hin dhiifnee fi fagoo akka ta'eetti akka yaadnu fi abdii dhabuun akka nutti dhagahamu yaada keenya qabuudhaaf ni yaala. Yeroo hundumaa yoo ta'e kufaatii keenyaaf diinni jalqabaa eenyu akka ta'e beekuun barbaachisaadha. Balleessaa keenyaaf gadduun yoo barbaachisaa ta'ellee akka Yihuudaatti gara tarkaanfii hamaatti kan geessuu ta'uu hin qabu. (Maatewos. 27:4-5) ofii keenya jibbuu keessa karaan ittiin of adabnu yoo jiraate tarkaanfiin fudhannu fuula waaqayyoo duratti akka Daawwititti dhiifama gaafachuuf isa duratti gadi jechuu dha. (Faarfannaa. 51:1-10). Nuyii fi cubbuu keenya gidduu garaagarummaan ni jira. Waaqayyo cubbuu ni jibba, cubbamaa garuu ni jaalata. Haati uffanni daa'ima ishee yoo xuraa'e illee jaalalli daa'ima isheef qabdu akka hin jijjiiramne, Jaalalli waaqayyo nuuf qabu hin jijjiiramu. Jireenya kana keessaa baatanii gara isaa dhufuuf yoo murteessitan harka isaa bal'isee isin simata. Dhiigni Yesuus Kiristos fannoo irratti dhangala'e cubbuu kam irraa iyyuu isin qulqulleessuu akka danda'u beekaa fuula waaqayyoo duratti dhiifama gaafadhaa. "Dhiigni ilma isaa Yesus cubbuu hundumaatti nu qulleessa." (1Yohaannis. 1:7) Dhiigni Yesus Kristos namoota addunyaa hundumaaf kan dhangala'e fuula waaqayyoo duratti cubbuun dhiifama hin gooneef hin jiru.

2. Amanaa Kadhadhaa

Ilmi namaa ga'uumsa ofii isaatiin cubbuu jalaa ba'uu hin danda'u. Ayyaanni waaqayyoo yommuu gargaaru garuu kan hin dandeenye danda'ee qulqullummaan moo'ee jiraachuu danda'a. Hanga har'aatti ga'uumsa dhuunfaa keessaniin araada sana keessaa bahuu waan dadhabdaniif abdii kutattan ta'uu danda'a. Ayyaanichi garuu gidduu galee jireenya haaraa kennuu ni danda'a. Kuni ta'uu kan danda'u immoo "Ani dadhabaa waanan ta'eef ayyaanni ana gargaaru anaaf haa kennamu" jedhee waaqayyoon kadhachuudhaani dha. Kadhannaatti cimaa. (Efesoon. 6:18). Ba'uun akka danda'amu amanuu dhabuun

ofii isaatiif hidhaa dha. Ayyaanni waaqayyoo seenaa jijjiiruu akka danda'u jireenya kana keessaa ba'uunis akka danda'amu amanaa! Sababni isaa, cubbuu keessaa baasee qulqulluu gochuu kan danda'u namoota hundumaa fayyisuuf ayyaanni waaqayyoo muldhateera. (Tiitos. 2:11-13)

3. Yaada yaadaan mormaa!

Cubbuun pornogiraafii jalqabumaa yaada akka ta'e yaadichaan mormuu kan dandeenyu yaada biraa bakka buusuudhaan qofa. Sammuun keenya yaada waaqayyootiin guutamuuf immoo guyyaa guyyaan sagalee waaqayyoo dubbifachuu fi kadhataan yeroo dabarsuu barbaachisa. Gammachuu keenya karaa waaqayyoo yommuu argannu cubbuudhaan kan argannu gammachuu yeroo muraasaa jibbaa deemna.

4. Maaliif Akka Ilaaltan Beekaa

Obboleettii tokko waggaa 4 dura dirqisiisanii gudeeduun mudatee ture. Galgala yommuu raftu wanti dabarsite kuni ishee dhiphisa ture. Gidirfamuu kana jalaa bahuuf furmaata kan godhatte pornogiraafii ilaaluu ture. Obboleettii kanaaf pornogiraafii ilaaluun rakkinichaaf saaxilamuu malee rakkoon jalqabaa akka hin turreefi dha. Obboleettii kana waliin yeroo fudhannee yoo haasofnu gidirfama hamaa booda namoonni kan jiraatan tuqama xiinsammuu (post Traumatic Stress Disorder) akka qabdu mirkaneeffachuu danda'eera.

Pornogiraafii ilaaluun namoonni jireenya isaanii keessatti kan hin furre rakkina keessaan ibsamu ta'uu danda'a. Yeroo fudhattanii jireenya keessan keessatti wantoota isin dhiphisan, Seenaa keessa darbitan adda baafachuu yaalaa. Rakkina keessa keenyatti fe'amee hafe (repress) gochuuf yaaluun gara rakkina caalutti geessa waan ta'eef rakkinicha ciminaan moo'achuuf yaalaa.

5. Wantoota Nama Kakaasan Adda Baasaa

Gaaffilee armaan gadii ofii keessaniif deebisaa!

- ✧ Baay'inaan pornogiraafii kan ilaaltan sa'aatii kami dha?
- ✧ Yeroo dhumaatiif pornogiraafii kan ilaaltan yoomi dha?
- ✧ Pornogiraafii utuu hin ilaaliin dura fedhii (mood) akkamii irra turtan?

Wantoonni nama kakaasan maal fa'a? Fedhii kan kakaasan taphachiisaa muuziqaa yookiin fiilmii? Obboleettiin tokko pornogiraafiin wantoota walqabatan kan argatte facebook irraa ture. Jireenya kana keessaa guutumaan guututti bahuu ishee hanga mirkaneessitutti facebook fayyadamuu ishee dhaabde. Isa dura garuu wantoota walitti qabdan fiilmii fi wantoota hundumaa ammuma balleessaa. Kaayyoo kanaaf namoota argattan hundumaa waliin walitti dhufeenya dhaabaa. Interneeta fayyadamuu dhaabuu ni barbaachisa yoo ta'e godhaa. Dirqama fayyadamuu ni barbaachisa yoo ta'e immoo bakka namoonni itti walitti qabaman taa'aa. Yookiin kan akka 'Covenant eyes'* yookiin 'X3watch'* wantoota qaban fayyadamaa. Jireenya keessan kan caalu wanti tokkollee hin jiru.

Gara pornogiraafiitti kan isin geessu dhiphina yoo ta'e, dhiphina keessaa bahuuf karaalee biraa uumaa. Maqaa isaa utuu hin dha'in seenaa isaa nama naaf qoode tokko jireenya obboleessa tokkoo isiniif nan kaasa. "Haadha manaa koo waliin jireenya jiraadhutti gammachuu hin qabu. Gara manaa deemuu yoon yaadu dhiphinatu na qaba. Kanan itti dhiphinaa bahu pornogiraafii ta'uudhaan waggoota lakkoofsiseera. Rakkina gaa'ela koo hiikuun araada pornogiraafii jalaa na baase".

Wantoota isin kakaasan barreessaa!

6. Yaalaa

Araada kana keessaa bahuun adeemsaani. Dhaabuudhaaf yoo murteessitan iyyuu deebitanii ittiin kufuu yookiin hanga ammaatti suuraan isin ilaaltan yaada keessan keessa dhufee dhiphachuu dandeessu. Kana jechuun jireenya kana irraa gadi hin dhiifamne jechuu miti. Buna yeroo dheeraaf namni ganamaan ka'ee dhuguu bare akkuma turu jechuudha malee! Sammuun keenya bakka duraatti hanga deebi'utti araada kamiyyuu irraa yoo baanu kan keessa darbinu adeemsa fayyummaati. Inni jalqabaa lolichaan moo'amanii harka kennachuu dhiisuu dha. Jabaattanii yoo mormitanii fi wanti barbaaddan hamma isiniif ta'utti araadichi isin irratti humna dhabaa adeema. Yoo soortan garuu guddatee isin liqimsa.

7. Fedhii Keessan Too'adhaa

Pornogiraafii ilaaluun sadarkaalee sadi qaba. Isaanis, Fedhii(Emotion), Yaada(Thoughts) fi Hojii(Action) dha. Fedhii kan jennuun sadarkaan jalqabaa

dhiphina, mufannaa yookiin fedhii pornogiraafii ilaaluu qabaachuu ta'uu danda'a. Kanaan walqabateeti pornogiraafii ilaaluuf yaadni dhufu. Dhuma irratti hundumtuu gara hojiitti jijjiirama. Kanaaf yaada keessan too'achuu kan dandeessan sadarkaa yaadaatti yoo jiru utuu hin ta'in yommuu fedhiin isaa isinitti dhaga'amuu dha. Obboleettiin tokko 'fedhiin akkanaa yoo natti dhaga'amu manaa bahee faarfannaa dhaggeffachaa deemsa miilaan taasisuun jalqaba. Kunis baay'ee na fayyade' jechuun tooftaa ishee naaf qoodde. Obboleessi tokko immoo, fedhiin akkanaa yoo itti dhaga'amu ispoortii akka hojjetu na taphachiiseera. Fedhiin akkanaa yoo isin mudatu maal yoo gootan gaari dha? Wantoota 3 barreessuun wanta isiniif ta'u godhaa!

8. Kophummaa Balleessaa

Sa'aatii dheeraadhaaf kophaa ta'uu dhiisuu fi yeroo keessan maatii fi hiriyyoota keessan waliin dabarsuu yaalaa. Hanga danda'ametti guyyaa keessan wanta fooyya'aa fi hiika kennu irra oolchaa. Kan akka ispoortii hojjechuu, kitaabilee dubbisuu, gara waldaa kiristaanaa deemuu fa'a irratti dabarsaa. Mee har'aa kaasee wanta yeroo keessan irratti dabarsuu dandeessan 5 barreessaa.

9. Abdii hin Kutatinaa

Jireenya kana keessaa bahuuf adeemsa taasiftaniin kufuu fi ka'uun isin mudachuu danda'a. Abdii utuu hin kutin dogoggora keessan irraa barattanii akka abdii haaraatti boru akka ceetan ilaala.

10. Ifa ta'aa (Warra Ifaa)

Barreeffama kana utuu hin qopheessin dura araada kanaan warra qabamanii fi namoonni ani gorse araada kana irraa akka baataniif wanta isin dandeessise naaf ibsaa jedhee gaafadheen ture. Hunda isaanii irraa yaada 2n argadhe. Inni tokkoffaan gargaarsa waaqayyoo fi inni lammaffaan immoo ifaan ifatti dubbachuu dha kan jedhu ture. Namoonni baay'een dhimmicha irratti haasa'uun waan isaan saalfachiisuuf gargaarsa argachuuf isaan rakkisa. Jireenya kana keessaa yeroo tokkoo fi isa dhumaatiif bahuudhaaf yoo barbaaddan isin gargaaruu kan danda'u nama tokkoof rakkina keessan ifa gootanii haasa'uun isin irra jira. Haasa'uu keessan qofaan, iccitiin wanta gootan gara ifaatti baasuu keessaniin cubbuun kuni humna isin irratti qabu ni dhaba. Yommuu dadhabdan

kan isin gorsu, ejjennoo keessan kan hordofu nama tokko godhachuun keessan jabaattanii akka dhaabbattaniif jajjabina isiniif kenna. Gorsa kana kenneefii kan fudhate obboleessi tokko hiriyaa isaaf hire. Fedhiin hamaan yommuu isa mudatu bilbilee 'maaloo rakkachaan jira waan ta'eef naaf kadhadhu' jedha. Gorsuu kan dandeessan namoota sadi barreessaatii hubannaa fi kadhataan jabaadhaa tokko filadhaa.

Barreeffama koo sagalee gooftaa keenya Yesusin walitti nan qaba.

"Isin warri itti dhamaatanii dadhabdan, ba'aanis kan isinitti ulfaatu hundinuu gara koo koottaa; ani boqonnaa isiniifan kenna." (Matewos. 11:28)

Qopheessaa : Efrem Kiros

Kan Hiike : Getu Abera

Covenant Eyes fi X3 Watch suuraalee fi barreeffamoota pornogiraafii ta'an kamiyyuu block gochuun, araada kana keessaa akka baanu kan gargaaran, mobile fi komputeraaf software hojjetamanii dha.

Araada pornogiraafiitiin fedha dhuunfaa (Masturbation) obboloonni qabamtanii rakkataa jirtan yeroo kamiyyuu isin gargaaruuf qophii dha. +251945000005 yookiin +251919872853 irratti akka sa'aatii ltoophiyaatti ganama sa'aatii 4 kaasee hanga galgala keessaa sa'aatii 4tti nuuf bilbilaa. ltoophiyaan ala yoo jiraattan Viber, Telegram, Imo, Whatsapp dhaan sarara irratti nu argattu.

Telegram Channel : https://t.me/maranatayesuus

Getu Abera 2020

+251 91987 2853

Finfinnee